# سُورَةُ النَّجْمِ
# Suuraa Najmii

هذه السورة تسمى سورة النجم
*Suuran tun { Suuratunnajmi } je'amti .

وهي سورة مكية
*Isiin Suuraa Makkaati .

وآيالتها ( ٦٢ )
*Aayaanni isiii { 62 }

وترتيبها ( ٥٣ )
*Lakkooysi isiii shantamii sadii

وهي نزلت بعد سورة الاخلاص
*Isiin Eega Suuraa {Ikhlaasgii } buute.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ
*Jalqabni dubbiii , maqaa Rabbii rahgmata qabuutii .

وَالنَّجْمِ إِذَا هَوَىٰ ﴿١﴾
l}*Urjii samiii buutin isinii khakhadhee urjii hoggaa sheyxaanni.waan malaaykan samiii jettu dhaggeeffatu'uf, samiitti ol dhiyaate, ariitee gubduun khakhadhee. takkaa urjii guy yaa qiyaamaaa sarniii harcaatun khakhadhee .

مَا ضَلَّ صَاحِبُكُمْ
* Saahgibni keessan, kan isin akkaan haala isaa baytan ergamaan kiyya Muhammad, karaa qajeelaarraa hin mayne . inni karaa gaarii diriira`arra deema`aa jira

وَمَا غَوَىٰ ﴿٢﴾
**2}***Ammallee inni, yaada hamaa qabatee, hin jallanne, inni yaada gaari' irra jira.

وَمَا يَنطِقُ عَنِ الْهَوَىٰ ﴿٣﴾
3}*Inni waan dubbatu hunda lubbuu isarraa kaasee hin dubbatuu, maluma isaatin waan je`u hin je`uu

إِنْ هُوَ إِلَّا وَحْيٌ يُوحَىٰ ﴿٤﴾
4}*Wanni ergamaan keenya dubbatu hundi waan Rabbiin isa barsiise malee,waan inni ifbiraa kaasee je`uu miti. quraanni inni itti nama yaamu , waan inni baasee mitii, waan Rabbiin buuse.

عَلَّمَهُ شَدِيدُ الْقُوَىٰ ﴿٥﴾
5}*Qur'aananama jabaaatu Rabbirraa fidee nabi Muhammad barsiise yookaa qabsiise . namni jabaan sun jibriili , kan hanga Iiphiii takkatti sarniii buee bayu , inni kan nama, yookaa warra Rabbitti balleesse , lafarraa fixu . yoo Rabbiin fedhe

ذُو مِرَّةٍ فَاسْتَوَىٰ ﴿٦﴾

6}*Jibriilin quraana nabi Muhammad barsiisu sun kan ayliiifii.qaamni isaa guutuuuti . kan Suuraa guddoo Rabbiin itti uumin nabi Muhammaditti mulatee taae .

وَهُوَ بِالْأُفُقِ الْأَعْلَىٰ ﴿٧﴾

7}*Isaa samii gama bayaatin cifee taa'u

{jibriil } hoggaa anbiyootatti ergaa Rabbii fidu , suuraa namaatin ,itti dhufa waan namni suuraa isaa arguu hin dandeenyef. duuba nabi Muhammad Rabbii ifii khadhatee , akki je`e yaa Rabbi .jibriil suuraa isa itti uumten na garsiisi , isaa suuraa namatti hin deebiin je'ee khadhannaan, Rabbiin yaroo lama isa agarsiise.yaroo takka lafatti agarsiise. kan nabi Muhammad gaara dheeraa , ta lubbu'utti malee, namni bayuu hin dandeenye, kan gaarafhiraa' ) jeamu , kan amma ( gaara nuuraa ) je'ani in keessa taa'ee Rabbi ibaadu ,jabriil samii cufee, gama bayaatin itti mulate, goflaa isaatin bayaa hanga dhiya cufee.hoggaa san Nabi Muhammad rifatee lafa dhaye. hoggaa san jibriil, suuraa namaatin dhufee , nabi Muhammad ifitti qabee, dhukkee fuula isaanirraa haxaawe . tanaaf jecha Rabbiin akki je`e .

ثُمَّ دَنَا

*Jibriil nabi Muhammaditti gad dhiyaatee.

فَتَدَلَّىٰ ﴿٨﴾

8} * Ammas akkaan itti dhiyaatuu ida'ee

فَكَانَ قَابَ قَوْسَيْنِ أَوْ أَدْنَىٰ ﴿٩﴾

9}*Hanga afaan goobooo takkaa digaanaa lamaan , walitti dhiyaatu,nabi Muhammaditti dhiyaate. takkaa sanirra itti dhiyaatee .

فَأَوْحَىٰ إِلَىٰ عَبْدِهِ مَا أَوْحَىٰ ﴿١٠﴾

10}*Akkasitti jibriil , gabricha Rabbii Muhammaditti waan Rabbiin itti hime je`een ,hime.

مَا كَذَبَ الْفُؤَادُ مَا رَأَىٰ ﴿١١﴾

11}*Qalbiin nabi Muhammad waan ijji isaa agarte hin khijibsiifne.wanni ijji agarte , kan onneen isaa hin khijibsiisin sun ,jibriil suuraa rnalaaykaaatin argu' . kan goflaa dhibba jaha qabu .

أَفَتُمَارُونَهُ عَلَىٰ مَا يَرَىٰ ﴿١٢﴾

12}* Si isin yaa warra Rabbitti kafare waan nabi Muhammad arge kanarratti , hin garre jettanii Nabi Muha mmadiin moromtanii. Argaa inni jibriil, isaa suuraa malaaykaarratti jiru arge, dhugooomsuu diddanii? hin didinaa

وَلَقَدْ رَءَاهُ نَزْلَةً أُخْرَىٰ ﴿١٣﴾

13}*Isiniifan khakhadhaa Nabi Muhammad argaa biraa jibriil argee jira, isaa suuraa malaaykaarratti jiru halkan samii bayan.

عِندَ سِدْرَةِ ٱلْمُنتَهَىٰ ﴿١٤﴾

14}*Bakkeen nabi Muhammad halkan san jibriil itti arge,( sidratulmuntahaa) biratti sidratul muntahaa jechuun , muka qurquraaa , kan beekkomsi namaa isa biratti dhumu , kan achi biran dabarre jechu'u kan malaaykaarraa nam tokko achi bira hin da barre.

عِندَهَا جَنَّةُ ٱلْمَأْوَىٰٓ ﴿١٥﴾

**15}** *Qurquraa san biraa, jannata Iubbuun warra Rabbi sodaatutiifii .lubbuun warra Rabbii je'ee lola keessatti dueefii malaaykan keessa galtuutu jira,layni hundi isa jalaa madda ,firiin qurquraa sanii , hanga qulu' uuti , baalli isaa hanga gurra arbaati .

إِذْ يَغْشَى ٱلسِّدْرَةَ مَا يَغْشَىٰ ﴿١٦﴾

**I6}** *Waytiin, yookaa yaroon nabi Muhammadjibriil suuraa malaaykaarratti ,sidratulmuntahaa biratti arge ,waytii sidratulmuntahaa sanitti , wanni nama dinqu, takkaa ajaaibsu, hed duun dhuftu .wanni ajaaibaa kan qurquraa sanitti dhufu, billaacha ziqiyaa kan bararaaa dhufee, irra qubatu, kan baaJa isaa hundarra malaaykan teessu. akki odeeffame: nabi Muhammad, muka qurquraaa san,kan nuurri Rabbii Ukkaamse ,kan ijji isa laaluu hin dandeenye,kan malaaykan akka girrisaa shinbirro otti , dhuftee irra qubatti , achitti Rabbi iba adu'uu jecha . nabi Muhammad, halkan makkaa kaee , baytulmaqdis dhaqee , achirraa samii baye san, waan san hunda arge .

مَا زَاغَ ٱلْبَصَرُ

*Ijji nabi muhammad, waan rabbiin isa agarsiiserraa, gara waan biraa hin jallanne hin laalle .

وَمَا طَغَىٰ ﴿١٧﴾

17} * Ammallee ijji isaa hanga rabbiin isa agarsiise malee, dabartee waan biraa hin laalle, kun hadraa rabbitti adaba akkaan eeggatuu,isaanii nu garsiisa. maalifyoo namni waa si aga rsiise, waan san dhiiftee, waan biraa laalun, adabaa miti. ammallee ha nga si agarsiiserra dabarsitee laalun adabaa miti. duuba nabi muham mad halkan mikgraajaa san, waan rabbiin isa agarsiiserraa . ijji isaanii , gara biraa hin mayn'e. ammallee hanga Rabbiin arguu isaaf wassanirr aan , tarkaanfattee , ijji isaanii waan biraa

لَقَدْ رَأَىٰ مِنْ ءَايَٰتِ رَبِّهِ ٱلْكُبْرَىٰٓ ﴿١٨﴾

18} *laNaallbei . M uhammad halkan mi-

kgraajaa san aayaata akkaa mukgjizaa waan rabbiin uume gurguddoo, hedduu arge. waan inni ergerraa tokko muka qurqura'aa kan sidratulmu ntahaa je'amu sani, ammallee baytalmakgmuuri, kan qixxee ka'ba'aatin, samii keessajiru. kan malaaykan isaan xawaaftu. ammallee jannata, ammallee ibidda, ammallee jibriili, suuraa guddoo inni itti uumameen Ammallee samii torbaniifii anbiyoota isii keessa jirtu arge, duuba kana hunda arguun, waan dandeytii rabbii, nama agarsiisu, kan nabi Muhammad ergamaa rabbii tayuu jabeessee,iimaanatti nama yaamu ,haatayuu ku ffaarri makkaa gaafas hin amanne .

أَفَرَءَيْتُمُ ٱللَّٰتَ وَٱلْعُزَّىٰ ﴿١٩﴾

19}* Mee waan isin harka keessaniin tolchitan kan { laatifii} {uzzaa }je'amurraa naa odeessaa. {laata} jechuun : waan rabbi je'anii, xaa'if keessatti ibaadan.Ammoo (uzzaa) jechuun: waan tolchanii, biyya ghaxfaanitti ibaadan. san am a yookaa taabota kana lamaan (khaalid ibnulwaliiditu) caccabse.

وَمَنَوٰةَ ٱلثَّالِثَةَ ٱلْأُخْرَىٰ ﴿٢٠﴾

20} * Ammallee mee waan { manaata } je`amu , kan ifumaa tolchitanii ibaaddanirraa naa odeessaa, (manaata) jechuun sanama taabota gosa khuzaakgaa jeamtuuti takkaa sadeenuu sanama taabota dhagaaatii qureyshiiitu ibaada duuba mee wanni isin Rabbi jettanii gabbartan sun, humna Rabbiin waa hunda uume qabu qabdii ? hin qabdu jechu'u. gaaftokko waan isaan Rabbi jeaniin kan mukarraa tolfame jeedalloon dhufteeti irratti fincooyte. duuba namichi tokko , kan isii irratti fincooytu argu, akki jee: uf wanni humnajeedalloo isarratti fincooytun ifirraa dhoowwu hin qabne, waa Rabbi hin jeamu je`ee . amane ,

أَلَكُمُ ٱلذَّكَرُ وَلَهُ ٱلْأُنثَىٰ ﴿٢١﴾

21}*Si isin,yaa warra rabbitti kafare ilmaanirraa waan jaalatama'aatu keessanii ,sun dhiiraa, ammoo wanni ilmaanirraa .isin biratti jibbamu, kan rabbiitii, sun dhala'aa ?

تِلْكَ إِذًا قِسْمَةٌ ضِيزَىٰ ﴿٢٢﴾

22}* Waan lubbuun teessan hin jaalanne, rabbii keessanii kennuun, ifii waan jaalattan fudhatuun, qooda hama'a.kan qixxummaan keessan jirre

إِنْ هِىَ إِلَّآ أَسْمَآءٌ

*Wanni isin mukarraa, takkaa sibiilarraa tolchitanii, rabbi jettanii ibaadan, waa rabbii miti, inumaa isiin,waan lubbuun qabne, tan waan fayyanne, tan naman dararre.

سَمَّيْتُمُوهَآ أَنتُمْ وَءَابَآؤُكُم

*Tan isiniifii abootin teessan san, rabbi jettanii maqaa baaftaniifi, malee, isiin, waan, rabbummaa, haqa godhatuu miti,

مَّآ أَنزَلَ ٱللَّهُ بِهَا مِن سُلْطَٰنٍ

*Maqaa baaftaniif sanirratti, raga rabbiin buuse,kan mukaafii dhagaa dhan, yookaa namaan qabdan. waan rabbiin hin buusin dalaydan jechu'u.

إِن يَتَّبِعُونَ إِلَّا ٱلظَّنَّ وَمَا تَهْوَى ٱلْأَنفُسُ

*Warri sanamaan,yookaa mukaafii sibii rabbi je'aa je'u, hin Ian ,taabotaan takkaa namaan,rabbi je'ee ibaadu sun ,waan sheyxaanni itti fakkeesse, kan wanni sun,ibaadaa haqa godhattii,isaan seensise, ammallee waan nabseen isaanii jaalattu jala deeman malee, waan dhuga'aa kan qabatanii isa ibaadan hin qaban .

وَلَقَدْ جَآءَهُم مِّن رَّبِّهِمُ ٱلْهُدَىٰٓ ﴿٢٣﴾

23}*Odoo dhugumaan, karaan qajeell-o`oo , rabbii isaanirraa isaanii dhufee jiruu. odoo wanni isaan ibaadan rabbi mitii, waan rabbiin uume tayuu, isaanii himee jiruu. sheyxaanafii, nabsee isaanii jala deemanii, waan rabbin tayin rabbi je'anii gabbaran .

أَمْ لِلْإِنسَٰنِ مَا تَمَنَّىٰ ﴿٢٤﴾

24}* Si namni waan nabseen isaa feetu hunda ni argataa ? kan sanamni, takkaa wanni rabbii achitti inni iba adu, guyyaa qiyaama'aa naaftoltii, takkaa na sha faatii khajeeluf. namni waan nabseen isaa khajeeltu, hunda, hin argatu .wanni inni argatu, waan rabbiin isaaf dabarse qofa. tanaaf jecha namni nama rabbin tayanirra waa barbaadu, takkaa waan nabseen hawwituuf barbaadu, waan rabbi in hin fedhin ,waa takka hin argatu .

فَلِلَّهِ ٱلْـَٔاخِرَةُ وَٱلْأُولَىٰ ﴿٢٥﴾

25}*Wanni hundi ta rabbiittii, ka fedheef kennaa, ka fedhe dhoorgataa isa, kan ad-dunya'aafii .aakhiraa , arnmaafii, booda, uumee qabuu. dubbiin akka namni fedhuu mitii, akka Rabbiin fedhu

۞ وَكَم مِّن مَّلَكٍ فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ

*Malaaykaa rabbiin guddise, tan waan dilii taye hundarraa rabbiin xahaarse, me-eqaatamtu, samii torban keessa facha'ee jira.

لَا تُغْنِى شَفَٰعَتُهُمْ شَيْـًٔا

*Kan shafaa'an isaanii , homaa namaan tarre, yookaa hin fayyanne.

إِلَّا مِنۢ بَعْدِ أَن يَأْذَنَ ٱللَّهُ لِمَن يَشَآءُ وَيَرْضَىٰٓ ﴿٢٦﴾

26}*Yoo eega rabbiin malaaykaa sanii,

abbaa feete shafa'i je'ee.eeharneefii .shafaa'aa isaanii irraajaalate ,takkaa irraa qeebale taate malee.gaafas shafaa'an malaaykaa gurguddo'oo .mu'mina fayyaddii, duuba mee akkamitti shafaa'an sheyxaanaa , tan sanamaa, tan waan rabbii achitti ibaadanii , tan rabbi biratti gatii takkan qabne , nu fayyaddii khajeelan? hin khajeelin jechu' .

إِنَّ ٱلَّذِينَ لَا يُؤۡمِنُونَ بِٱلۡأٓخِرَةِ

*Warri eega duunee ni kaafamnaa hin yaanne, kan aakhiraan ni dhuftii hin dhugo'oomsine,

لَيُسَمُّونَ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةَ تَسۡمِيَةَ ٱلۡأُنثَىٰ ﴿٢٧﴾

27}*Malaaykaa rabbii akka dhalaatti yaaman wanni isaan siyan.akka malaaykan dhalaa taate. tanaaf malaaykan dubra rabbiiti je'an .

وَمَا لَهُم بِهِۦ مِنۡ عِلۡمٍۖ

* Akka dubbiin, akka isaan je'an taate ,hin beekhan. Maalif? isaan hoggaa malaaykan uumamte, hin agarre .

إِن يَتَّبِعُونَ إِلَّا ٱلظَّنَّۖ

*Wanni isaan qabatanii akkas je`an, seyiinsa , akkanaatu mala jeaniiti, malajala deernanii akkas jean malee, waan biraatii miti .

وَإِنَّ ٱلظَّنَّ لَا يُغۡنِي مِنَ ٱلۡحَقِّ شَيۡـٔٗا ﴿٢٨﴾

28}*Siyiinsi , takkaa akkana tayuun ni malaan .dhugaarraa naman duroomsitu .bakka beekkomsaa namaan buutu, baaxilli bakka haqaa namaan dhaabbatu kijibni bakka dhugaaa namaan dhaabbatu.

فَأَعۡرِضۡ عَن مَّن تَوَلَّىٰ عَن ذِكۡرِنَا

*Warra iimaanafii, quraanarraa gara gale

وَلَمۡ يُرِدۡ إِلَّا ٱلۡحَيَوٰةَ ٱلدُّنۡيَا ﴿٢٩﴾

29}* Kanjiruu addunyaaa tana malee,waan biraa hin yaanne , nama diinaa islaamaa qeebaluu didee, addu nyaadhumtuu tana malee,waan biraatii dalaguu dhiisee , qalbiin isaa goggoydi iimaanatti hin yaaminii ,dhiisii irraa gara gale, qalbiin isaa duuddee , sin dhagayuu .

ذَٰلِكَ

*Jarri haalli isaanii akkasii kan haalli isaanii addunyaa aakhiraarra caalchisanii ,isii qofaa dalaguu dhaa , sun.

مَبۡلَغُهُم مِّنَ ٱلۡعِلۡمِۚ

*Beekkomsa isaanitiitu hangasi beekkomsi kuffaaraa , odoo hangamuu guddatelle' ee, beekkomsa dalagaa addu nyaaa qofarratti dhaabbataa ,aakhiraatti achin dabru .

إِنَّ رَبَّكَ هُوَ أَعْلَمُ بِمَن ضَلَّ عَن سَبِيلِهِۦ

*Rabbiin kee,isumaatuu nama karaa isarraa jallate , akkaan beekhaa , qixaaxu'uuf ta`aa

وَهُوَ أَعْلَمُ بِمَنِ ٱهْتَدَىٰ ﴿٣٠﴾

30} * Ammallee isuma , kan nama karaa isaa, qajeelee qabate , akka an beekhuu, galata isaaf galchu'uu jiraata .

وَلِلَّهِ مَا فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِى ٱلْأَرْضِ

*Sami'iifii,dachi'ii, ammallee wanni isaan lamaan keessa jim hundi, ta Rabbiitii isaatu uumee, isaatu qabaa, isaatu waan fedhe itti dalagaa, namni waa takka keessaa qabu hin jiru .

لِيَجْزِىَ ٱلَّذِينَ أَسَٰٓـُٔوا۟ بِمَا عَمِلُوا۟

*Rabbiin nama jallatee isatti balleesse ni beekhaa, warra isatti balleesse san, balleessaa isaanitiin isaan qixaaxu'uu ta`aa

وَيَجْزِىَ ٱلَّذِينَ أَحْسَنُوا۟ بِٱلْحُسْنَى ﴿٣١﴾

31}*Ammallee wabbiin warra qajeelee tole, kan waan gaarii dalage ni beekhaa , jannata isaan seensisee, galata isaanii galchu'uu taa 'a. (hgusnaa) jechuun : jannata jechu .

ٱلَّذِينَ يَجْتَنِبُونَ كَبَٰٓئِرَ ٱلْإِثْمِ

* Warri tole ,kan Rabbiin jannata seensisu sun, warra dilii gurgurdoorraa fagaatu, diliin gurgurdoon akka Rabbii guddaa dhiisanii .nama ibaaduuuti.takkaa muka, yookaa jinnii gabbaruuuti ammallee akka haadhaa abbaatti hamrnaatuuuti nama ajjeesuuuti . horii hiyyeessaa nyaatu'uuti . duuba warri tole, kana hun da hin dalagu , inumaa ittin dhiyaatu . irraa fagaata.

وَٱلْفَوَٰحِشَ

*Ammallee isaan dilii hamtuu yookaa fokkattuutti hin dhiyaatan, sun zinaaa, takkaa sharmuuxumrnaaa ,zinaan yookaa gumnummaan, dilii gurguddoo, fokkattuu, fokkina keessa , wasanaa baate,isaan sanitti hin dhiyaatan,isaan waan hamtuun dalagan

إِلَّا ٱللَّمَمَ

*Yoo diliin xixiqqoon isaanirraa argamte malee .diliin xixiqqoon dilii irraa eeggamuun nama dhibu .yoo nama Rabbiin eege taate malee, sun akka dhungoooti . ammallee laalchaa fa 'aa . dhalaa alagaaa laalun zinaa xiqqaa jearna dhungatuunis dubbatu unis isaa hawwuunis akkasi. duuba mu'rninni yoo dilii gurguddoorraa fagaatee dilii xixiqqoo aadaa godhatuu baate , takka irra turuu baate , diliin xixiqqoon isaaf dhiifamti .

إِنَّ رَبَّكَ وَٰسِعُ ٱلۡمَغۡفِرَةِۚ

*Rabbiin kee kan araaramni isaa dilii hundaaf balatu . kan nama gara isaa deebiee , araara isarra barbaadef, dilii hunda araaramu ..

هُوَ أَعۡلَمُ بِكُمۡ

*Rabbiin haala keessan, isinirra isin beeka .odoo isinuu hin uumin isin beekha

إِذۡ أَنشَأَكُم مِّنَ ٱلۡأَرۡضِ

*Gaafa abbaa keessan aadam , biyye'erraa uume isin beekha .

وَإِذۡ أَنتُمۡ أَجِنَّةٞ فِي بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡۖ

*Ammallee gaafa isin ,garaa teessanii ke-

Essa jirtan ,haala keessan beekha. Rabbiin odoo namni garaa haadhaa keessa jiruu, waan inni taye,takkaa tayu'uu taau beekha. Inni warrajannataati moo warra azaabatii, nama hamaa moo, nama gaariii , waan gaarii dalaguuu taaa moo, waan harntu'uu , Rabbiin beekee jiraa

فَلَا تُزَكُّوٓاْ أَنفُسَكُمۡۖ

*Isin lubbuu teessan hin faarsinaa tokko-

On keessan, lubbuun tiyya guutuuu dilii hin dalaydu.jeee , raga ifiin bayin. lubbuun yon faarsan ni boontii.if guddiftii , ammallee nama meeqaatami kan odoo khayrii dalaguu , sharriitti gara galee, sharriirratti du'u . akkasuma nama meeqaatami kan odoo hamtuu dalaguu gaarii dalaguutti gara galee, kheyriirratti du'u . wanni laalamu waan itti booda aanan. namni bakka itti booda aanu if beekhu hin jiru tanaaf jecha : waan gaarii dalaydaniin hin dhaaddatinaa. waan itti booda aantan hin beytanii ,

هُوَ أَعۡلَمُ بِمَنِ ٱتَّقَىٰٓ ٣٢

32} *Rabbiitu nama isinirraa tolee, dal-

agaa .isaa qulqulleysu beekaa, Rabbiin odoo isin dudda abbaa keessanii aadam keessaa hin bayin , odoo isin garaa, haadha teessanii keessaa hin bayin , waan isin tayu'uu teessan beekaa , if faarsuu dhiisaadhaa , waan Rabbiin keessan dalagaa jeu , dalagaa . namni faarfamaan nama Rabbin dalagaa isaa irraa qeebalee .

أَفَرَءَيۡتَ ٱلَّذِي تَوَلَّىٰ ٣٣

33}*Yaa ergamaa kiyya Muhammad mee

oduu namicha iimaanarraa, deebierraa, naa odeessi.namicha, gorsa kee dhaggeeffatee, nan islaamaya, jeee muratee , duuba namni kfairaaa tokko,itti dhufee,maalif islaarnayu'uu deemta ? diinaa keenya dihfitee ?abbootin teenya karaa haqarratti hin duunee.yaadu'utti , maaltu si geessi ? je' een. Jennaanin wanni itti na kaase azaaba aakhiraadhaa sodaatu, je' een. duuba namichi sun akki je' een :naatu bakka tee gubataa , horii hangana naa kenni jeeenii, kanarratti walii galanii, duuba islaamarraa gara galee.

وَأَعۡطَىٰ قَلِيلٗا

*Namicha bakka isaa gubatu'uuf, if qabe saniif, horii maqaa dhaye efirraa, waa xiqqo kenneefii ,

وَأَكۡدَىٰٓ ٣٤

34}*Waan kaan dhoowwate namichi iimaanarraa deebie sun. namicha{ waliid ibnulmughiiraah je`amu inni kuffaara makkaa, urguddaarraa tokko .

أَعِندَهُۥ عِلۡمُ ٱلۡغَيۡبِ فَهُوَ يَرَىٰٓ ٣٥

35}*Si namichi islaamarraa deebie sun waan dhufaa jim beekhaa, kan karaa saniin namichi inni horii kennuuf sun, azaaba narraa baataa argu . yookaa hubatu ,kan sanii jecha islaamarraa deebieef ? namichi sun waan dhufaajiru hin beeku .jechuu .akkanumatti ,waan dalagu dalaga malee

أَمۡ لَمۡ يُنَبَّأۡ بِمَا فِي صُحُفِ مُوسَىٰ ٣٦

36}*Si namichi sun, wanni kitaaba nabi Muusaarratti buufame tawraat keessatti dhufe, itti odeeffamnee ?

وَإِبۡرَٰهِيمَ ٱلَّذِي وَفَّىٰٓ ٣٧

37} * Ammallee wanni kitaaba xixiqqaa nabi ibraahiimirratti buufame, keessatti dhufe, ittin odeeffamnee ? wanni Rabbiin ergamaa isaa ibraahiim , kan waan inni dalage, je`een hunda , dalagee guuterratti buuse , isan geenyee ? .

أَلَّا تَزِرُ وَازِرَةٞ وِزۡرَ أُخۡرَىٰ ٣٨

38}*Wanni Rabbiin kitaaba nabi rnuusa`aafii nabi Ibraahiimii kenne,keessatti dubbate ,Iubbuun takkalleen di Iii, yookaa cubbuu , narnni biraa dalagee jettee,hin gubattu, yookaa hin qaxaamtu ,

وَأَن لَّيۡسَ لِلۡإِنسَٰنِ إِلَّا مَا سَعَىٰ ٣٩

39} * Namuu dalagaa isarraa malee dalagaa nama birarraa hin gaafatamu, nama hunda dalaguma isaatitu isa eeggata

وَأَنَّ سَعۡيَهُۥ سَوۡفَ يُرَىٰ ٤٠

40}*Namuu, wanni inni dalage, katabamteeti teessii , arguuuf taaa wanni inni dalage miizaanarratti,isaaf rnul'atu'uu teessi .

ثُمَّ يُجۡزَىٰهُ ٱلۡجَزَآءَ ٱلۡأَوۡفَىٰ ٤١

41}* Eegasii jazaa guutu'uutu waan dalagerratti isaaf gala .yoo wanni inni dalage gaarii taate sawaaba guutuu , waa takka irraa hin iranne argata . ammoo yoo wanni inni dalage . hamtuu taate , qixaaxa mudata .

وَأَنَّ إِلَىٰ رَبِّكَ ٱلْمُنتَهَىٰ ﴿٤٢﴾

42}*Wanni hundi gara Rabbii keetiti deebiti.isaatu jannata nama seensisaa , takkaa azaaba nama seensisa

وَأَنَّهُۥ هُوَ أَضْحَكَ وَأَبْكَىٰ ﴿٤٣﴾

43}*Rabbiin,isuma kana nama kofalchiisu isuma kan nama boochisu, isuma, kan gammachuuufii rifachuu uumu .isurna kan warra jannataa kofalchiisee, warra ibiddaa boochisu

وَأَنَّهُۥ هُوَ أَمَاتَ وَأَحْيَا ﴿٤٤﴾

44}*Rabbiin isuma ,kan duaa jiruu uumee ajjeesee jiraachisu .

وَأَنَّهُۥ خَلَقَ ٱلزَّوْجَيْنِ ٱلذَّكَرَ وَٱلْأُنثَىٰ ﴿٤٥﴾

45}*Ammallee rabbiin isuma kan gosa ilma namaa lamaan {dhala'aafii, dhiira} uume.

مِن نُّطْفَةٍ إِذَا تُمْنَىٰ ﴿٤٦﴾

**46}** *Bishaan dhiirarraa bayee gadaamessa dhalaaa keessatti naqamurraa.Rabbiin bishaan, tokkorraa ,dhiirafii dhalaa uumun, isumarraa humna adda addaa uumun, bishaanuma tokkicharraa haala adda addaa uumun, waan ajaa'iba nama godhu . kan daneydtii rabbii akkaan nama agarsiisu .

وَأَنَّ عَلَيْهِ ٱلنَّشْأَةَ ٱلْأُخْرَىٰ ﴿٤٧﴾

47}*Rabbiin duraan bishaan dhala`aa uume ammas kan guyyaa qiyaama'aa uumaa biraa nama uumu, isuma duraan waan hin jirrirraa, nama uumetu, lammad guyyaa qiyaama'aa ,Iafe'eefii foon biyyee tayerraa, uumaa namaa deebisa.sun waan rabbiin odeessee, if qabsiisee, waan argamuun oolle .

وَأَنَّهُۥ هُوَ أَغْنَىٰ وَأَقْنَىٰ ﴿٤٨﴾

48}*Rabbiin isuma,kan abbaa fedhe duroomsee, abbaa fedhe hiyyoomsu .

وَأَنَّهُۥ هُوَ رَبُّ ٱلشِّعْرَىٰ ﴿٤٩﴾

**49}***Ammallee rabbi in isuma kan { shikgraa }uume {shikgraa} jechuun urjii akkaan iftu,tan waytii oow'aa baatu jechu' . urjii tana gosa arabaa tan ( khuzaakgaa) je'amtuutu ibaaduu ture. Duuba rabbiin akkaje'een: si rabbii urjii tana uumedhiiftaniiti , urjii inni akka isin uumetti, uume,

وَأَنَّهُۥ أَهْلَكَ عَادًا ٱلْأُولَىٰ ﴿٥٠﴾

50}*Rabbiin , kan ummata {ummata Rabbiin eega kgaad} je'arnu, jabaa, isatti kafare, lafarraafixe ,isaan ummata (nuuhg) lafarraa fixee argamsiiserraa kan dura dursooti.

وَثَمُودَا۟ فَمَآ أَبْقَىٰ ﴿٥١﴾

51}* Ammallee rabbiin isa, kan umrnata { thamuud } kan isatti kafare,lafarraa fixe .kan nam tokko isaanirraa hin hambisin .nama amane malee

وَقَوْمَ نُوحٍ مِّن قَبْلُ

*Rabbiin isa,kan ummata kgaadifii thamuud dura ummata (nuuhg) lafarraa fixe

إِنَّهُمْ كَانُوا۟ هُمْ أَظْلَمَ وَأَطْغَىٰ ﴿٥٢﴾

52}*Maalifummanni (nuuhg} sun ummata akgadifii thamuudirra dilii dalagee, wasanaa baye. kan nabi{ nuuhg} bara dhib sagaliifii shantama isaan keessa taa`ee .diinaa Rabbitti isaan yaame,waa xiqqo malee ittin amanne .

وَٱلْمُؤْتَفِكَةَ أَهْوَىٰ ﴿٥٣﴾

53}*Rabbiin biyya {mu'tafikaa } je`amtu dachii isaanii 01 fuudhee,garaan isaan galche { mutafikaa } jechu un ganda ummata nabi {luux },kan ummanni sun nabi Iuuxitti amanuu didanii Rabbitti balleessinaan.jibriil itti ergee ,
goflaa isaatin.ganda san lafarraa buqqisee,samii keessa ol dabarsee,ganda san hunda,gad gombisee ,awaale. gubbaajala godhee.jala gubbaa godhee ,warra ummata san irraa , gaafas imaltuu jirus,hoggaa isaan deebian ,dhagaa samiii , itti roobsee fixe.

فَغَشَّىٰهَا مَا غَشَّىٰ ﴿٥٤﴾

54}*Akkasitti ganda nabi luuz san balaa hamtuurraa wanni itti bu`ee itti buee isii hagooge. sun gubbaan isiii, jala tayeeJalli gubbaa tayee,warra imaltuudhaa galetti, dhagaan roobu'uu ,

فَبِأَىِّ ءَالَآءِ رَبِّكَ تَتَمَارَىٰ ﴿٥٥﴾

55}*Si yaa ilma namaa, qananii Rabbii keetii ,tan tokkumaa isaatifii dandeytii isaa beysiftu, hedduu tana keessaa tam shakkit ee , kijibsiifta? wanni sirraa barbaadamu isiiin gorfam u'u malee, isii shakkitee khijibsiisu'uu mitii ?

هَٰذَا نَذِيرٌ

*Waa takka beekhaa ergaaan kiyya Muhammad, nama azaaba Rabbii.isin sodachisu, azaaba yon kafartan seentan , kan yoo amantan jalaa baatan .

مِّنَ ٱلنُّذُرِ ٱلْأُولَىٰٓ ﴿٥٦﴾

56}*Nabi Muhammad, akkuma ergamoota kiyya kan isa dura dabreeti .akkuma isaan ummata isaanii, azaaban sodaachisanii , karaa hamaarraa dhoowwan ,inninis azaaban isin sodaach-

isee ,irraa isin dhoowwaa .waan warra,gorsa ergamoota kiyyaa dhagayuu didetti bue .agartanii .isinis yoo isa dhagayuu baattan , takkaa diddan , sanumaatu isin eeggataa , beekhaa ..

57}* Qiyaaman dhiyaatte. أَزِفَتِ ٱلْآزِفَةُ ﴿٥٧﴾

58}* Duuba gaafa isiin dhuftee , cinqi`iin لَيْسَ لَهَا مِن دُونِ ٱللَّهِ كَاشِفَةٌ ﴿٥٨﴾

khalqii hagooyde, narnni Rabbiin tayin kan cinqii san jalaa nama baasu hin jirre . kan azaaba gaafasii namarraa deebisu Rabbi malee hin jirre, kan nama Rabbitti amane malee, namni biraa azaaba jalaa hin baane. Duuba maal eydanii amanuu diddan?

59}* Si isin ormi kuffaaraa , qishnaaaf' , takkaa tuffiiif quraana kana takkaa waan isinii odeessine, kana, ajaaiba gootanii . أَفَمِنْ هَٰذَا ٱلْحَدِيثِ تَعْجَبُونَ ﴿٥٩﴾

60}* Si hoggaa quraana dhageessan , hin boochanii inumaa ni kofaltanii si hoggaa quraanni.oduu warra ka faree, kan Rabbiin balaa itti buuse dubbate , hin boochanii ni khofaltanii ? silaa hayni keessan, bakka imimmaan boochan ,dhiiga booyu'uu ,waan Rabbitti balleessitan,ni beytanii , haatayuu isin hin boochanii , inumaa ni khofaltan وَتَضْحَكُونَ وَلَا تَبْكُونَ ﴿٦٠﴾

61}*Isinii aakhiraa irraanfate kana dun- وَأَنتُمْ سَٰمِدُونَ ﴿٦١﴾

yaan isin daydee, isiii dalaguu malee ,waan biraa dhiiftanii,qalbiin isin oggoydee,akka dhagaadhaa isin taatee . inumaa dhaga' arra jabaatte .ma alif dhagaan gariin , kan soda Rabbiitii je'ee , baqaqee bishaan keessaa madd-uutu jiraa .

62}* Duuba isinan, gorsaa if dhaqqaba- فَٱسْجُدُوا۟ لِلَّهِ وَٱعْبُدُوا۟ ۩ ﴿٦٢﴾

adhaa amana`aa rabbi isin uumef sujuuda isuma ibaadaa tokkummaa isaa yaadaa waan namaafii mukaafii jinni`irraa rabbitti qindeessitanii ibaaddan dhiisaa kan ibaadaa haqa godhatu rabbi tokkicha isiniifii waan birallee uumee hoggaa aayata tana qara`an sujuuda tokko sujuudan .